Ergaa waan “Xahaaraafi Salaataa”

Mhammed Ibn Salih Al-usaimeen

رسائل في الطهارة والصلاة

للشيخ محمد بن صالح العثيمين

الأورومية (أثيوبيا)

Akkaataa Nabiyyiin (S.A.W) Ittiin Salaata

Abdulaziiz Ibn Abdallaa Ibn Baaz, Nabiyyiin (S.A.W)

((صلوا كما رأيتموني أصلي))

"Akkaataa yoo ani sagadu argitanitti sagadaa" (gabaasa Bukaarii) kan jedhan irraa ka'uudhaan Nabiyyiin (S.A.W) akka sagadanitti sagaduu muslima barbaadu maraaf:

1. Wudu'a tolchanii godhachuu. Innis akkaataa Rabbiin ajajeen wudu'a godhachuudha. Rabbiin (S.W) akkana jedha:

﴿ يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوٓاْ إِذَا قُمۡتُمۡ إِلَى ٱلصَّلَوٰةِ فَٱغۡسِلُواْ وُجُوهَكُمۡ

وَأَيۡدِيَكُمۡ إِلَى ٱلۡمَرَافِقِ وَٱمۡسَحُواْ بِرُءُوسِكُمۡ وَأَرۡجُلَكُمۡ إِلَى

ٱلۡكَعۡبَيۡنِ ﴾ المائدة: ٦

"yaa isin warra amantan! Salaataaf yoo dhabattan (yoo dhaabachuu barbaaddan) fuula keessan, harka keessanis hanga ciqileetti dhiqadhaa; mataa keessans bishaaniin jiisaa, miila keessan illee hanga kiyyootti dhiqadhaa." (Maa'idaa:6)

Nabiyyin illee (S.A.W): **((لا تقبل صلاة بغير طهور))**

"Salaatni Xahaaraa malee fudhatama hinqabdu" jedhaniiruu.

2. Eessa illee yoo jiraate namichi sagadu qaama isaa guutuu gara qiiblaa [Ka'ibaa] deebisa. [Fardii] illee ta'ee [Sunnaa] sagaduu kan barbaadee keessaa onnee ufii keessatti [niyyata]. Arrabaan hindubbatu. Sababaan isaa illee yeroo niyyatu arrabban akka dubbatu waan hinajajamneef. Akkuma kana Nabiyyiin

illee (S.A.W) ta'anii hordoftootni isaanii (R.A) yoo niyyatan arraba isaaniitiin hindubbaneeyyu. Imaamni (namichi Salaataan namoota hoogganu) yookaan kophaa ufii sagadu fuulduraan daangaa (sutiraa) kaayyachuun, sunnaadha. Sababaanis Nabbiyyiin (S.A.W) itti ajajaniiruu.

3. Ija isaatiin iddoo sujauuda itti bu'u ilaalaa Allahu akibar jedhee Takbiirat al-ihiraam gochuudha.

4. Takibiirat al-Ihiraam yoo godhu harka isaa kolba gurmuu yookaan gurra isaatiin ol nikaasa.

5. Harka mirgaa isaa harka bitaa isaa irra dabarsee laphee irra nikaayata. Kunis waa'il Ibn Hajarii fi Qubayisaa Ibn Halab Alxaa'ii abbaa isaa irraa (Rabbiin hojii isanii irraa haajaalatuu) Hadiisa gabaasan keessatti waan ibsameef.

6. Du'aa'ii bantuu (banaa) (Du'aa' al-Istiftaah) dubbisuun sunnaadha.

Innis :- **((اللهم باعد بيني وبين خطاياي كما باعدت بين المشرق والمغرب، اللهم نقني من خطاياي كما ينقى الثوب الأبيض من الدنس . اللهم اغسلني من خطاياي بالماء والثلج والبرد))**

"Allaahumma baa'id baynii wabyna kaxaayaaya kamaa baa'atta beeynal mashriqi walmagrib, Allaahumma naqqinii min kaxaayaaya kamaa yunaqqa-ssowbul abyadi mina danasi. Allahumgsilnii bilmaa'i wassalgi walbarad"

"yaa Allah! bahaafi dhiha akkauma addaan fageesite ana dogoggora kiyya irraaa na fageessi. Yaa Allaah! uffatin adiin akkuma xurii irraa qulqullaa'u ana illee dogoggora kiyya bishaanii fi baradaan narraa dhiqi."

yoo barbaade ammoo bakka kanaa kan asii gaditti aaneeru kana ni jedha:

((سبحان اللهم وبحمدك، وتبارك اسمك، وتعالى جدك، ولا إله غيرك))

"Subahaanaka Allahumma Wabihamdika Watabaaraka ismuka Wata'aalaa jadduka Walaa ilaaha geeyruka."

"yaa Allaah qulqullinni siif ta'e, galatni siif haata'u, maqaan kee eebbifamaadha. Mootomni kee ol-aane si'i malee rabbiin biraa hinjiru." ???

((أعوذ بالله من الشيطان الرجيم بسم الله الرحمن الرحيم))

"A'uuzu billaah mina shayxaanirrajiim, bisimillaahrramaanrrahiim"

" Sheeyxaana rahimata Rabbii irraa fagaate abaaramaa (diyaabiloos) irraa Rabbiin ni eeggama." " Maqaa Rabbiitiin, kan gara laafessa fi kan mamaa yaadutii"

Itti aansee Suuraa bantuu taate (Faatiihaa) ni dubbisa. kanaafis Nabbiyyiin (S.A.W) **((لاصلاة لمن لم يقرأ بفاتحة الكتاب))**

" Suuraa bantuu namni hin dubbifne Salaata hinsagadne." jedhaniiru.

Saatin sagadamaaruu yoo kan sagaaleen ol-fyydgany ta'e sagalee ol-guddi-see amiin ni jedha. Itti fufuudhaan Qur'aana keessaa kewwata laafeef ni dubisu.

7. Harka isaa kolba gurmuu yookaan gurra isaatiin ol-fuudhee [Allaahu Akibar] jehee dudda isaa sarara tokkotti diriirsee suutan isaa jilba irra haajiraachisuu.

kana booda: **((سبحان ربي العظيم))**

" Subahaanaka Allaahumma wabihamdik Allaahummaa maagifriilii."

" yaa Gooftaa kiyya! Qulqullinni siif haata'u. Goofftaa kiyya naaf araaram" kan jedhu jechuun waan jaalutame."

8. Harka isaa kolba gurmuu (gurra) ksaatiin ol-fuudhaa

((سبحان اللهم وبحمدك، اللهم اغفرلي))

" Sani'allaahu liman hamidaahu"

" Allaahiin nama Isa galatoonfate dhaga'e" jedhaa ruku'aa ol jedha.

Imaamni yookaan namichi kophaa sagadu yoo ta'e qajeellootti yoo dhaabateen booda: **((ربنا ولك الحمد حمدا كثيرا طيبا مبارك فيه ملء السموات وملء الأرض وملء ماشئت من شيئ بعد))**

"Rabbanaa walakal hamdu, hamdan kasiiran xayyiban mubaarakan fiihi miil'assamaassamaawaati wamil al-ard wamiili'a maa baaeeynahumaa wamili'a maash'ita minsheey'in baa'idu."

" Gooftaa keenya! galatni siif haata'u, galanni gaariin fi guddaan eebbifamaa kan ta'e, samii fi ardii kan guute, kan isaan giddu jiru illee fi isaaniin ala illee kan Ati uumte kan guute."

kana booda kan kanatti aanu yoo gaariidha. Innis:

((أهل الثناء والمجد، أحق ما قال العبد، وكلنا لك عبد، اللهم لا مانع لما أعطيت، ولا معطي لما منعت، ولا ينفع ذا الجد منك الجد))

" Ahilasanaa'ii walmajidii ahaqumaaqaalaal abdu wakuluunaa laka abdun Allaahummaa laamaanii'a liimaa a'ixeeytaa walaa mu'ixii limaamaanaa'itaa walaa yanfaa'u zaal jaddu mnikaal jaddi."

" Ati abbaa galataa fi kabajaatii, garbichi kee kan jedhe dhuyaadha nu'u mastuu garboota tee ti yaa Gooftaa kiyya! wantaati kennite kan dhooggu hinjiru; kanati dhooggite kan kennu hinjiru. si'i biratti dureeyyii illee durummaan isaanii isaan hifayyadu; durummaanis sima qofa biraa argamti."

Kunis Nabiyyii (S.A.W) keenya irraa kan mirkanaa'e.

Maa'imun (sagaajiin) ruku'a irraa yoo ol ka'u: **((ربنا ولك الحمد))**

" Rabbanaa walkal hamdu."

" yaa Gooftaa keenya! galanni sima qofaaf." jedhee itti aanee kan asii olitti tuqame ni jedha.

Ruku'aan dura harka isaa laphee isaa irra akkuma kaa'atu ruku'aan boodas harka isaa laphema irra yoo kaa'ate waan jaalatamaadha. kanaafis waa'il Ibin Hajirii fi Saahil Ibin Saa'id (Rabbi siaan irraa haajaalatuu) hadiisni galmeessan ragaadha.

9. [Allaahu Akibar] jedhaa sujuuda ni godha yoo danda'ame jiba isaa harka isaatiin dura lafa ni geessa. Yoo dadhabe ammoo harka illee dursiisuu ni danda'a. Quboota harka isaa walitti dhiyeessee quboota isaa kan harkaa ffi miilaa illee gara qiblaatti deebisee qaama isaa torbaniinu sujuuda ni godha. Isaanis adda funyaan wajjiin, harkoota, jibootaa ffi quboota miilaa gara fkeessaati. kana boodas:

((سبحان ربي الاعلى))

" Subhaana Tabbiyal A'ilaa" nijedha.

" Gooftaan kiyya kan guddate waan isaan hinmalle irraa qulqullaa'e."

kana boodas:

((سبحانك اللهم ربنا وبحمدك، اللهم اغفرلي))

" Subahaanaka Allaahummaarabbnaa wabhamdika Allaahummaa magifiirlii." kanjedhu dabaluun ni jaalatama.

" yaa Gooftaa kiyya! Qulqullinni siif haata'u. Galatni siif haata'u. yaa Gooftaa kiyya! naaf araarami."

Akkuma kanas sujuuda keessatti du'aa'ii haabaaybaay'isuu. kana ilaalchisee Nabiyyiin (S.A.W):

((أما الركوع فعظموا فيه الرب، وأما السجود فاجتهدوا في الدعاء فقمن أن يستجاب لكم))

" Ruku'aan (gadi jechuudhaan) Rabbiin ittiin guddiftanii (kabajjitanii) sujuudaan garuu du'aa iitti jabaadha Rabbiin isin irraa fudhachuu ni kajeelaa." jedhaniiru.

Akkuma kana hadiisa Musiliimni gabaase keessatti Nabiyyiin (S.A.W) akkna jedha: **((أقرب ما يكون العبد من ربه وهو ساجد فأكثروا من الدعاء))**

" Garbichi Rabbiitti kan dhiyaatuun Sujuuda keessatti waan ta'eef Sujuuda keessatti du'aa'ii gauddisaa."

Salaani sagadamu fardii illee ta'ee Sunnaa, mataa isaatiif obboleeyyan isaan kan muslimtotaatiif waan gaarii Rabbiirraa haakadhatuu Akkuma kana sujuuda keessatti Ciqilee isaa Cinaacha irraa, garaa isaa mogolee irraa, mogolee ammoo sarbba irraa fi Ciqilee isaa laga irraa ol haakaasuu. Nabiyyiin (S.A.W) hadiisa kanaa gaditti aanuun nu hubachiisaniiru.

((اعتدلوا في السجود ولا يبسط أحدكم ذراعه انبساط الكلب))

" Sujuuda keessatti qajeelaa. Ciqilee keessan akka Saree lata irra keettan hindiriirsinaa."

10. [Allaahu Akibar] jedhaa mataa isaa laga irraa ol qabaa quba miila isaa mirgaa lagatti gndi-dhaabee miila isaa bitaa irra ta'ee harka isaa mogolee fi jilba isaa irra ni kaa'ata. kanaa booda du'aa'ii kanatti aanu nikadhata.

((رب اغفر لي، ربغفرلي، ربغفرلي، اللهم اغفرلي، وارحمني، وارزقني، وعافني واهدني، واجبرني))

" Rabbigifirlii, Rabbigifirlii, Rabbigifirlii, Allahummaagifirlii, warhamnii, warzuqnii, wa'aafni, wahidni, wajuburnii."

" yaa Gooftaa kiyya! naa araaram, Gooftaa kiyya! naa araaram, yaa Allaah! naa araaram, naaf yaadi, naaf kenni (naaf razzaq) na fayyis, naeegi, na qajeelchi, na ijaari. "

Ruku'a (gadijechuu) irraa yoo ol ka'u akkuma godhu iddoon walgeetii (qunnamtii) qaamota isaa hanga iddoo isaanitti deebi'aniif suuta jedhee haataa'uu. Sabaanis Nabiyyiin (S.A.W) gadi jechuu irra yoo ka'anii dhaabbatan fi sujuudota lamaan jidduutti yoo taa'an ni dheerssu (hin ariifatan).

11. Sujuuda lanaaffaa Allaahu Akibar jehaa ni bu'a. Waan sujuuda duraa keessatti gadhaa ture hundumaa ni godha.

12. Allaahu Akibar jehaa mataa ol kaasa Akkauma Sujuudota lamaan jidduu taa'e sana ammaas xiqqoo ni taa'a. Kunis boqonnaadhaaf taa'uu ni jedhama. Taa'uun kan jaalatame (Sunnaa) yoo ta'u dhiisus ni danda'a. Zikiriis ta'ee du'aa'iin itti hingodhamu. kana booda yoo danda'ame jilba yoo dadhabe ammoo lafa qabatee ka'uudhaan raka'aa lamaffaaf dhaabbata. Achiin booda faatihaa fi aaya'a Qur'aanaa kan biraa kan Rabbiin laffiseef ni dubbisa. Itti aansuudhaan waan raka'aa tokkoffaa keessatti dalagaa rure hunduaa nidalaga.

Maa'imuun (nama sagachiisutti hidhatee kan sagadu) namicha sagachiisu dursuun irra hinjiru (dhorkaadha). Gocha akkanaa kana irraa Nabiyyiin (S.A.W) ummata isaanii (hordoftaooa isaanii) akeekkachiisanii jiran. Akkasumas namicha sagachiisuun walqixa illee socho'uun dalagaa jibbame kanafuu, sunnaan (kan jaalatame) nacicha sagachiisu irraa gnddisanii illee oduu boodatti hinhafne boodaan duukaa bu'uudha. kana ilaalchisee hadiisa gabaqasni isaa mirkanaa'e keessatti Nabiyyiin (S.A.W) kan kanatti aanu jedhaniiru.

((إنما جعل الإمام ليتم به فلا تختلفوا عليه فإذا كبر فكبروا، وإذا قال سمع الله لمن حمده فقولوا ربنا ولك الحمد، فإذا سجد فاسجدوا))

" Namicha sagachiisu wanti godhameef akka duukaa buutaniif irraa walkeessa hinmakanminaa (gar-gar) hinfaca'inaa. Yoo inni Allaahu Akibar jedhe isinis Allahu akibar jedhaa. Sami'iAllahu limanhamidahu, yoo inni jedhe isin Rabbanaa walakalhamdu jedhaa sujuuda yoo godhe sujuuda godhaa."

(Bukaarii fi Muslim akka gabaasaniitii)

13. Salaanni sagadu yoo kan akka Subhii, Juma'a fi Iidii kan kna fakkaatan abbaa raka'aa lamaa yoo ta'e Sujuuda lamaffaa irraa yoo ka'e quba isaa kan miila mirgaa lagatti gadi dhaabee miila isaa kan bitaa irra gad-taa'ee quba wamuli'ia qofa waan hintaane qouboota harka mirgaa ta'an maraa tontoomachuudhaan mogolee miila mirgaa isaa irra kaa'ate quba waa kan wamul'isuun Tokkochimmaa Tabbii ni agarsaiisa. Yookaan ammoo qubatti xiqqoo fi tan isii aantee jirtu cum'ee qabee quba gidduutii fi abbuudicha qalqunamsiisuudhaan quba muli'istuu Tokkochummaa Rabbii yoo agarsiisee illee ni ta'a. Mala lamaanuu Nabiyyiin (S.A.W) waan itti fayyadamuun mirkanaa'eef tartiiba tartiibaan itti fayyadamuun ni filtama. Harka bitaa ammoo mogolee mil'aa isaan kan bitaf fi jilba isaa irra haaka'uu. Kana booda Tashahuda (Attayaatauun) haadubbisu.

Innis:

((التحيات لله، والصلوات والطيبات، السلام عليك أيها النبي ورحمة الله وبركاته، السلام علينا وعلى عباد الله الصالحين، أشهد أن لا إله إلا الله، وأشهد أن محمد عبده ورسوله)) ثم يقول:

((اللهم صل على محمد، وعلى آل محمد، كما صليت على إبراهيم، وآل إبراهيم، إنك حميد مجيد، وبارك على محمد، وعلى آل محمد، كما باركت على إبراهيم، وآل إبراهيم، إنك حميد مجيد))

" Attahiyyaatu lillaah wassalawaatu waxxayyibaatu assalaamu aleeyika AyyuhaNabiyyu waraahimatullaah wabarakaatu assalaamu aleeynaa wa'alaa ibaadillaah saalihiin Ashadu anilaa Ilaaha Illallaah wa'ashahad Anna Muhamadan Abduhu warasuuluhu. kana booda Allhumma salli alaa Muhaammadin wa'alaa aalii Muhaammadin kamaassalaayta alaa Ibiraahiima wa'ala aalii Ibraahima innaka hamidun majiid waqbaarik alaa Muhaammmadiin wa'alaa aalii Muhaammadin kamaa aasrakta alaa Ibiraahiima wa'alaa aalii Ibiraahiima innaka hamidun majiid."

" kabajjaan martuu Rabbii Tokkicha qofaaf kadhannaan fi wanti gaarii illee. Ati yaa Nabiyyii! Nageenyi Rabbii fi garalaaffinni Isaa akkuma sana ammoo arakaan Issa illee siif haata'u. Nageenyi Rabbii nuu fi garboota gagaarii Rabiitiif haata'u. Rabbbiin malee Rabiin biraa akka hinjirre ragaa ni baha. Muhaammad ergamaa keeftii fi Garbicha kee akka ta'e ragaa ni baha." kana boodas " yaa Rabbi Ibiraahim fi maatii isaatiif akkuma goote Muhammad fi

maatii isaatiif barakaa fi kabajjaa godhi. Yaa Allaah! Ati kan galatoomee fi kan faargame." ni jedha.

Itti aansee waan argan sii fgaditti caqafamna irra na eegi jedhee Allaahii du'aa'ii ni kadhata.

((اللهم إني أعوذ بك من عذاب جهنم، ومن عذاب القبر، ومن فتنة المحيا والممات، ومن فتنة المسيح الدجال))

" Allaahummaa innii A'uuzubika min azaabi jahannama wamin azaabil qabri, wamni fitnatilmahayaa walmamaat, wami fitnatil Masiih dajjaal."

Hikkaa: " yaa Allaah! ani gidiraa jahannam irraa siin ni eeggama. Gidiraa awuaala keessaaa irraa illee. Qormaata jireenyaa fi du'aa irraa illee akkasun qormaata Dajjaal irraa illee siin ni eeggama."

Salaanni salaatamu fardiis ta'ee sunnaa ufiif, maatii siaatiif akkasuma ammoo warra musiliimtootota ta'an kan biraatiifis addunyaa fi aakiraa irraa illee waan gaari gaari kadhachuu ni danda'a. Xumura irrattis gara mirgaa fi bitaatti deebi'ee kan kanatti aanu jechuudhaan Salaata ni xumura.

((السلام عليكم ورحمة الله. . السلام عليكم ورحمة الله))

" As-salaamu aleeyikum warhimatullaah... As-salaamu Aleeyikum warhimatullaah "

14. Salaatni salaatamu abbaa raka'aa sadii (kan akka Magriibii) yookin abbaa afurii (kan akka Zuhrii, Asrii fi Ishaa'ii) yoo ta'e tashahuda asii olitti caqasame (Attahiyyaatuu) fi Salawaata Nabiyyii irratti buusee jilba qabatee Allaahu Akibar jedhaa ol ka'ee harka isaa kolba gurmuu isaatiin ol kaasee akkuma asii olitti xaqasame laphee isaa irra ni kaa'ata. Kana booda Faatihaa qofa haaqara'uu (dubbisu).

Yeroo tookko tokko salatoota kannen keessaatti raka'aa sadaffaa fi argaffaatti Faatihaan boodas kewwaqta Qur'aanaa kan biraa dubbisuun ni danda'ama. Nabiyyiin (S.A.W) godhaa turaniif AbiiSa'id! akka gabaasan hadiisaan waan mirkanaa'eef. Achiin booda salaatni sagadamu Magriibii yoo ta'e raka'aa 3^{ffaa} booda Tashihuuda haagodauu. Zuhrii, Asrii fi Ishaa yoo ta'e ammoo raka'aa 4^{ffaa} n booda Tashihuuda haagodahu. Nabbiyyii (S.A.W) irrattis

Salawaata haabuusuu. Jahannama, adabbii awwaala keessaa fi qorumsa Masiih dajjaal irraa Rabbiin akka isa eegu haakadhatuu. Akkuma salaata abbaa raka'aa lamaa keessatti dabarsine du'aa'ii (kadhannaa) haa guddisuu. Haata'u malee taa'usa kana keessatti Abii Hamiid akka galmeessanitti hadiisaan, miila isaa kan bitaa miila isaa kan mirgaa jala dabarsee ta'uumsa isaa lafarratti gochuudhaan quba isaa kan miila mirgaa laffatti gadi haadhaabuu (haadhaabisisuu). Xumura irrati gara mirgaa fi bitaatti garagaluudhaan

((السلام عليكم ورحمة الله. . السلام عليكم ورحمة الله))

" As-salaamu Aleeyikum warahimatullaah,... As-salaamu aleeyikum warahimatullaah" haajedhu.

Kana booda al (harka sadii): **((استغفر الله))**

" Atagifirullaah" jechuudhaan kan kana gaditti aanuu haajehuu.

((اللهم أنت السلام، ومنك السلام تباركت ياذ الجلال والإكرام لا إله إلا الله وحده لا شريك له، له الملك وله الحمد وهو على كل شيئ قدير، اللهم لا مانع لما أعطيت ولا معطي لما منعت، ولا ينفع ذا الجد منك الجد، لا حول ولا قوة إلا بالله، لا إله إلا الله ولا نعبد إلا إياه، له النعمة وله الفضل وله الثناء الحسن، لا إله إلا الله، مخلصين له الدين ولو كره الكافرون))

" Allaahummaa anta salaamu waminkassalaamu, tabaarakta yaazal jalaalii wal-ikraam laa ilaaha Illaallaah wahidahu laashariika lahu lahulmulku walahul hamdu wahuwa ala kulli sheeyi'in qadiir. Allaahumma laamaania limaa'a'axeeyta walaa mu'iixiya limaa manaa'ata walaa yanfa'u zaljaddu minkal jaddi laahawwa walaaquwwata illaa billaah laailaaha illaallaahi walanaa'ibndu laaayaahillahu ni'imat walahulfadlu wallaahu sana'u lihasan laa'ilaahu illaallaah mukilisiina walawy jargk daafuruun.

Hiikkaa: " yaa Rabbi! nageenyi sima qofa Nageenyi illee kan argamu sirraa qofa. Rabaari kahalm abbaaol'aantummaa fi kabajjaa kan taate. Rabbiin malee Rabbiin biraa hijiru. Kan hiriyyaa hiqabne isuma tokkichaaf. Inni waan waraa danda'aa dha. Yaa Rabbi! waan Ati kennite kan dhorku hijiru. Waan ati dhorkite ammo kan kennu hinjiru." kanatti aansee ammoo

yeroo 33 " Subhaanallaah" **((سبحان الله))**

" 33 " Alhamdulillaah" **((الحمد لله))**

" 33 " Allaahu Akibar" ((الله أكبر))

jechuudhaan 100ffaa ammoo

((لا إله إلا الله وحده لا شريك له له الملك وله الحمد وهو على كل شيئ قدير))

" Laa'ilaaha Illallaah wahadahu laashariika lahuu lahulmulku walahuhamdu wahuwa alaa kullisheeyi'in qadiir." jehee tii aansee Ayaatalkursiyyii, Qulhuwallaahu ahadiin, Qulz'uuzu birabbilfalaq fi Qula'uuzu birabbinnaasiin salaata mara booda al tokko tokko ni dubbisa. Akkuma kana boqonnaa sadiin kanneen salaata Subihii fi Mafiriibaa al sadii sadii dubbisuun ni jaalatama.

Kunis Nabiyyii (S.A.W) irraa odeeffamuun sirriii ta'uun hadiisa mirkanaa'een waan gabagameef. Akkuma kana ammoo yaaddannoota ibsaman keessaa itti aansee kudhan kudhan salata Subihii fi Magriibiin booda :

((لا إله إلا الله وحده لا شريك له له الملك وله الحمد يحي ويميت وهو على كل شيئ قدير))

" Laailaaha illallaah wahidahu laa sharikallaahu lahulmulku walahulhamdu yuhiy wayumiit wahuwaa alaakulli sheeyi'in qadiir." Jechuun waan jaalatame. kunis Nabiyyii (S.A.W) irraa darbuun waan mirkanaa'eef.

Kan sagachiisu (Imaamo) yoo ta'e astagifurullah yeroo sadii yoo jedhee fi " Allahummmaaa Anta Salaam waminka salaam tabaarakta yaazal jalaal wal ikiraam" yoo jeheen booda fuula isaa gara hordoftoota (warra sagachiisaaruu) deebisee yaaddannoo (Zikrii) hage ni godha. Kanas hadiisotas baayi'etu muli'sa Isaan keessaa hadiisni Aishaa (Rabbi irraa haajaalatu) ni argama. Yaaddannoon kunniin (Zikrootni) Sunnaadha malee dirqama (waajibaa) miti.

Nama kara deemaa hintaaneef (dhiiras ta'ee dubartii) raka'aa kudhanii eeggatee Sunnaa salaatuun waan jaalatame. Isaanis: Raka'aa afur Zuhrii duraa fi raka'aa lama Zuhrii booda, raka'aa lamaan Magriibii boodaa fi raka'aa lamaa Ishaan booda akkasumas raka'aa lamaa Subhiin dura. Rawaatib jedhamanii ni beekkamu Nabiyyiin (S.A.W) yeroo maraa akka sagadaa turan mirkanaa'eera. Musiliim ummu Habiibaa irraa hadiisa gabaasaniin mirkanaa'eera.

((من صلى اثنتي عشر ركعة في يومه وليلته تطوعاً بنى الله له بيتاً في الجنة))

" Halkan fi guyyaa raka'aa kudha lama salaata sunnaa Rabbiif jedhee nama sagade Rabbiin jannata keessatti keessatti mana ni ijaaraaf." Imaamul Tirmiziinis gabaasa isaanii keessatti akkuma caqasnetti hiikaniiru.

Nabiyyiin (S.A.W) yeroo deemsa irra jiran Sunnaa Zuhrii, kan Magriibii fi kan Ishaa yoo dhiisan illee kan Subhii fi ka Witrii yeroo maraani salaatu turan. Nu illee karaa isaanii duukaa hordofuun, akka nurra jiru Rabbiin akkama jechuun nu hubachiisa.

"Ergamaa Rabbii faaritti hordoofuu qabdan."
Nabiyyiin illee (S.A.W) akkana jedhanii nu yaadachiisan,

((صلوا كما رأيتموني أصلي))

" Akka anaa sagadu argitanitti sagadaa."

" Rabbiin waa hunda Gooftaa namaa taasisuu."

Salaannii fi nageenyi Rabbii Nabiyii Muhammad fi maatii isaanii akkasumas hordoftoota (Sahaabota) isaanii dalagaa gaariin hanga yuyyaa xumuratti kan Isa hordofe maraafuu haata'u.

Salaata Jama'aan (walitti qabamanii) sagaduun Dirqama ta'uu

Abdulaziiz Ibin Abdalla Ibin Baazi irraa ergaan, " Nama kitaaba kana dubbisu hundaaf Rabbii8n gara jaalalti Isaa jirutti8 haaqajeelchu. Hundma keenyaa warra Isa sodaatee fi Isa irraa ufi-eeggate nu haagodhu Amiin"

Nageenyi Rabbii, garalaaffnni fi kennaan Isaa isin irra haata'u. Itti aansuudhaanis:

Namootiin baayi'een salaata Jama'aan (walitti qabamanii) salaatuu irraa akkka laaffiswan nagaheera. Aalimootiin tokko tokko waan sulphisan tokko ragaadhaan fayyadamnu. Kanaafuu ulfinna fi balaa dhimma kanaa ibsuun dirqii natti ta'eera. Rabbiin (S.W) Qur'aanaan Nabiyyichyi (Gooftaa isaanii irraa Salaanni fi nagee4nyi caalaan isaanirratti haabu'uu) waan ulfeessan musiliimni

tokko laaffisuu hi9qabu. Allahiin Qur'aana keessatti iddoo baayi'etti waa'ee salaatati dubbate. Sadarkaa isaa illee ol guddise, akka eeggamtuu fi walitti qabamuunis akka sagadamtu ni ajaje. Salaata irraa laafuunii irraa dadhabuun amala munaafiiqummaa keessaa tokko ta'uu Rabbiin nutti kitaaba Isaa kan ifaa ta'een akkana jedhe:

" Salaatota (kessattuu) salaatattii gidduu eeggadha, warra ajajame ta'aa Rabbiif dhaabadhaa."

Obboleeyyan musiliimaa wajjiin walitti dhufee salaatuu yoo dhiiseef dhimma kana illee yoo sulphise garbichi salaataaf ilaalchaa fi ulfinna barbaachisaa ta'e kennuu isaa maaliin beekkama? Allaahiin akkana jedheera:

" Salata seeraan eegaa salaataa, Zakaa illee (kennaa dirqama isin irratti taate) kennaa (Gooftaa keessaniif) warra gadi jedhu waqjjiin gadi jedhaa."

Keewwatni kun salaata walitti qabamanii sagaduu dirqama ta'uu ragaa ibsu. Warra sagadu wajjiin salaata irratti hirmaachuun barbbaachisaa ta'uu ni mirkaneessa. Salaata sagad jechuu qofa uduu taate:

" Warra gadi jedhu wajjiin gadi jedhaa" kaawwata jedhuuf xumurri isaa barbaachisummaa ifa galaa hin qabaatuuyyu ture. Sababaan isaa illee durumaanu keewwaticha irratti swagadaa jedhee ajajeera.
Allaahiin akkana jedheera:

﴿ وَإِذَا كُنتَ فِيهِمْ فَأَقَمْتَ لَهُمُ ٱلصَّلَوٰةَ فَلْتَقُمْ طَآئِفَةٌ مِّنْهُم مَّعَكَ وَلْيَأْخُذُوٓاْ أَسْلِحَتَهُمْ فَإِذَا سَجَدُواْ فَلْيَكُونُواْ مِن وَرَآئِكُمْ وَلْتَأْتِ طَآئِفَةٌ أُخْرَىٰ لَمْ يُصَلُّواْ فَلْيُصَلُّواْ مَعَكَ وَلْيَأْخُذُواْ حِذْرَهُمْ وَأَسْلِحَتَهُمْ ﴾النساء: ١٠٢

" Isaan keessa taatee yoo ati salaata kan sagachiiftu ta'e isaan keessaa gareen tokko meeshaa gurguddaa haaqabatqanii. Isaan kuun yoo isaan adda isaaniitiin kufan boodaan haadhaabbatanii (Isaan kunniin deemanii) gareen hisagdne kan biraa haadhufuu. Sii wajjiin haasagaduu ufi-eeggannoo keessanii fi meeshaa keessanis qabadha." (Anisaa'i:102)

Allaahiin salaata walitti qabamanii salaatuu yeroo waraanaatuu dirqama godhee yeroo nagayaa ammoo akkam ta'uu danda'a? salaata walitti qaqbamanii salaatuu dhiisuun uduu kan eeyyamamu ta'ee fuula waraanatti hiriiranii warra miidhaan diinaa irra gahuuf ni eeyyamama ture. Kunis ta'uu dhabuudhaan Salaatni jamaa'aa (walitti qabamaa) waajiboota (dirqamoota) nama yaachiswan keessaa tokko ta'uun beekkameera. Kanaafuu eenyuufis jama'aa dhiisuun hin eeyyamamu. Bukaarii fi Musiliimni Abu Hureyraa irraa (Rabbi irraa haajaalatu) akka galmeessanitti Nabiyyiin (S.A.W):

((لقد هممت أن آمر بالصلاة فتقام، ثم آمر رجلا أن يصلى بالناس، ثم أنطلق برجال معهم حزم من حطب، إلى لا يشهدون الصلاة، فأحرق عليهم بيوتهم))

" Salaani akka sagadamu sagadaa kedjee akakii fedje. Achiin booda nama tokkoon sagachiisi jedhee ajajee gara mana waqrra salaataaf hindhufnee

namoota muka qabataniiru wajiin deemee manoota isaanii gubuuf ni yaadee" jehaniiru.

Abdallaa Ibin Masi'uud (Rabbirraa haajaalatuu) Musiliim akka galmeessanitti akkana jedhan:

((لقد رأيتنا وما يتخلف عن الصلاة إلا منافق علم نفاقه، أو مريض، وإن كان المريض ليمضي بين الرجلين حتى يأتي الصلاة))

" Dhugamaan yaadadheera nu keessaa kan salaata jama'aa keessaa gara boodatti jedhu hinjiru. Yoo munaafiiqa ta'ee munaafiqummaan ifatti beekkame yookaan dhibamaa yoo ta'e malee, dhibamaanuu yoo namoota lamaan gidduu ta'ee deemuu danda'ee gara salaataa ni dhufaa. Akkuma kana jedhan. (Ibin Masi'uud)

((إن رسول الله ـ صلى الله عليه وسلم ـ علمنا سنن الهدى، وأن من سنن الهدى الصلاة فى المسجد الذى يؤذن فيه))

" Ergamaan Rabbii Sunnaa sirrii ta'e nu barsiisaniiru. Sunnaa sirrii keessaa Masgiida Azaanni itti baheetti sagaduudha."

Kanuma ilaalchisee amma illee akkana jedheera.

((من سره أن يلقى الله غدا مسلما فليحافظ على هذه الصلوات حيث ينادى بهن فإن الله شرع لنبيكم سنن الهدى، وإن من سنن الهدى، ولو أنكم صليتم فى بيوتكم كما يصلى هذا المتخلف في بيته لتركتم سنة نبيكم، ولو تركتم سنة نبيكم لضللتم، مامن رجل يتطهر فيحسن الطهور، ثم يعمد إلى مسجد من هذه المساجد، إلا كتب الله له بكل خطوة يخطوها حسنة، ويرفعه بها درجه، ويحط عنه بها سيئة، ولقد رأيتنا وما يتخلف عنها إلا منافق معلوم النفاق، ولقد كان الرجل يؤتي به يهادي بين الرجلين حتى يقام فى الصف))

" Boru Musiliima ta'ee, Rabbiin wajjin walqunamuun namni isaa gammachiiu salaatota kanneen yoo waamichi godhame haaeeggatu Rabbiin sunnaa sirrii ta'e godhee jiraa. Salaanni jama'aa sunnaa sirrii ta'e keessa Akkuma namicha boodatti hafee salaatuu isinis yoo mana keessanii (karaa) gadi dhiiftan. sunnaa Nabiyyii keessanii yoo gadi dhiiftan karaa irrraa ni dabdan. Namni tokko xahaaraa isaa tofgatee godhatee Masgiidota keessa tokko yaadee hindeemu yoo Rabbiin tarkaanfii tokko tokko inni deemuuniin hasanaa (mindaa) tokko yoo bareesseef male; sadarkiaa tokko yoo ol tuudheen fi sayi'a

(dogoggora) tokko yoo haqeef malee; Dhugumaan yaadadheera nu keessaa namni tokko illee duubatti hinhafu yoo munaafiiqa beekkamee addaan bahe ta'e malee. Nama fi danii nama lamaan irkisanii saffaa keessa dhaabisisaa turan."

Musiliimni Abu Hureeyraa (Rabbi irraa haajaalatu) irraa akka odeessanitti

أن رجلا أعمى قال: ((يارسول الله إنه ليس لي قائد يلازمني إلى المسجد فهل لي رخصة أن أصلى في بيتي؟)) فقال له النبي - صلى الله عليه وسلم - ((هل تسمع النداء بالصلاة؟)) قال نعم، قال: ((فأجب))

" Namichi ijaan hin argine tokko, yaa ergamaa rabbii! ani yeroo maraa nama gara masgiida na masakku (na fidu) hinqabu kanaafis mana kiyyatti yoo sagade naaf hieeyyamamuu? jedhe. Nabiyyiinis (S.A.W) salaataaf waamicha (azaana) ni dhageettaa? jedhaniin. Ee ni dhagaha jedheen akkas taanaan dufuu ni qabda jedhaniin."

Salaata jama'aan fsagaduun waajiba (dirqama) ta'uu kan agarsiisu akkasumas mana Rabbii keessatti Rabbiin akka ol kaatu fi maqaa Isaa illee akka keessatti dubbatamu kan Rabbiin eeyyame keessatti sagaduun dirqama ta'uun hadiisota baayi'etu jira. Ajaja Rabbii fi ergamaa Isaa kabajjuudhaaf Rabbii fi ergamaau Isaa kan dhoorkan irraa ufi-eeguudhaaf wanta hamaa irraa keessattuu salaata irraa laafuu akkana jehee Rabbiin yoo ibse:

﴿ إِنَّ ٱلْمُنَٰفِقِينَ يُخَٰدِعُونَ ٱللَّهَ وَهُوَ خَٰدِعُهُمْ وَإِذَا قَامُوٓاْ إِلَى ٱلصَّلَوٰةِ قَامُواْ كُسَالَىٰ يُرَآءُونَ ٱلنَّاسَ وَلَا يَذْكُرُونَ ٱللَّهَ إِلَّا قَلِيلًا ﴿١٤٢﴾ ﴾ النساء: ١٤٢

" Nunaafiqootni Rabbiin ni sobu. Innis isaan ni soba. (Isaan niadaba0 salaataaf yoo dhaabbatan laaffinnaan kan namootatti mul'atan ta'anii ni dhaabatu. Rabbiin illee hinyaadatan yoo xiqqoo ta'e malee. Walabadeeyyii

ta'anii (ni mul'atan) garanaa miti, garasii mitis. Nama Rabbiin dogoggorsee isaaf karaa qajeelloo yoomillee hinargituuf."

(Nisaa'i: 142-143)

Walfakkeessuu irraa fagaachuudhaaf musiliimni kamilyyuu dhimma kanaaf ilaalcha itti kennuudhaan ijoollee, maatii isaa, ollaa isaa fi obboleeyyan isaa kan musiliimtoota biroo wajjiin yeroo uduu itti hinkennine mari'achuu ni qaba. Salaata ufi-irraa gatanii hanga dhiisan taka sababaan guddaan salaata jama'aa irraa gara boodatti hafuudha. Akkuma beekkanu salaata dhaabuun (dhiisuun0 kufrii (ganuu). Naannoo Isilaamummaa ti kan nama baasuu Nabiyyiin (S.A.W) waan akkana jedhaniif:

((بين الرجل وبين الكفر والشرك ترك الصلاة))

" Namicha, kufrii (ganuu) fi Shirkrii gidduu kan jiru saalatuma dhii suudha kana jechuun namni salaata dhiise Isilaamummaa keessaa bahee kugriitti gale jechuudha.

Nabiyyiin (S.A.W) akkana jedhu:

((العهد الذي بيننا وبينهم الصلاة فمن تركها فقد كفر))

" Nu'u fi isaan gidduu kakuun jiru salaata salaata namni dhiise kafare (gane). Sadarkaa salaataa kan ol kaasan, eeggamuu isii illee dirqama kan godhan, Akkaahiin akka itti ajajeen akka sagadamtu kan ajajan, akka hindhiifamne kan akeekachiisan kewwatoonni Quraanaa fi hadiisotiin hedduun kan beekkaman ni jiru.

Kanaafuu, dirqamni musiliima kaniituu yeroo isii eeggatee akkaataa Rabbiin ajajeen mana Rabbii keessatti (masgiida keessatti) obboleeyyan isaa kan musiliimtota wajjiin jama'aan sagaduudha. Kunis ajaja Rabbii fi ergamaa Isaa (S.A.W) kabajuudhaaf adabii Rabbii kan nama dhukubsu (laallessu) jeaa fayymudhaaf.

Dhugaan ifa ta'ee yoo ragaadhaan mirkanaa'een booda eeny ille waan fedhe jedheef kana irraa duubatti deebi'uun hinbarbaachisu.

Rabbiini akkana ni jedha:

" Dhimma kamiiyyuu irratti yoo walmormitan yoo Rabbii fi guyyaa xumuraatitti kan amantab ta'e dhimicha irratti walmornitan gara Rabbii fi ergamaa Isaatti deebisaa kun kan fooyya'ee, xumurri isaa illee kan bareeduu." (Nisaa'i:59)

Amma illee akkana ni jedha:

﴿ فَلۡيَحۡذَرِ ٱلَّذِينَ يُخَالِفُونَ عَنۡ أَمۡرِهِۦٓ أَن تُصِيبَهُمۡ فِتۡنَةٌ أَوۡ يُصِيبَهُمۡ عَذَابٌ أَلِيمٌ ﴿٦٣﴾ ﴾ النور: ٦٣

" Isaan kan ajaja cabsan cinqaan yookaan adabbiin isaan dhukkubsu akka isaan irra hingeenyeef (hin arganneef) haaakeekkatanii". (Nuur:63)

Salaata jama'aan (walittiqabamanii) sagaduudhaan faaydaan aramu eenyuun jelaayyuu kan dhokatee miti. Ifatti waqrra walbeekauiin walbarchuu fi waan gaarii fi sodaa Rabbii irratti walgargaaruu fi wajjiin mari'achuu dha. Akkuma kana nama salaata jama'aa irraa boodatti hafn illee jajjabeessuu, kan hibeekne barsiisuu, hamilee munaafii qota eabsuu fi karaa isaanii irraa fagaachuu; sha'a'iira rabbii (malkata Isilaamummaa) garboota Isaa giddutti ol-kaasuu fi faaydan kan biraa keessa ni gala.

Rabbiin faalalti Isaa gara jiruu fi addunyaa fi aakiraattis wanta gaariin nu haamuudatuu dhara nafsee teenyaa, dalagaa keenya hamaa, kuffaarota (gantoota) fi dogoggorsaa munaafiiqotaa irraa nu haa eegu, Inniarjaa fi kan namaa yaaduu. Nageenyi Rabbii, dhiifamni fi kennaan Isaa isin irra haata'u. Salaanni fi nageenyi Rabbii Nabiyyii Isaa, maatii fi Sahaabota irrattis haata'u!!!

Wudu'a, (Dhiqachuu) fi Salaata

Galatni gooftaa addunyaa Allaahiif haata'u. Salaannii fi nageenyi Rabbii nabiyyoota maraafuu kan xumuraa kan ta'an qajeelchaa warra Rabbiin sodaatan uumamaa maraayyu ol kan ta'an Nabiyyii, Muhaammad fi maatii isaanii, sahaabota isaanii hundaaf haata'u.

Itti aansuudhaanis akkaataa Qur'aanaa fi Hadiisaatiin waa'ee wudu'aa, dhiqachuu fi Salaataatan walitti qindoofte tana barressaan garbicha Rabbii (Muhaammad Ibin Auseeymiin) ergaan gabaabuun kunoo ti.

Wudu'a

Wudu'a jechuun Hadiisa xiqqaa irraa (dhabiinsa wudu'aa irraa) dirqama qulqullaa'uuti. Kunis: Fincaan udaan (boollii), dhuufuu, hirri8ba guddaa (ulfaataa) fi foon gaalaa nyaachuu irraa jechuudha.

Wudu'a akkamitti akka godhatan

1. Arrabaan uduu hindubbatin waadu'a onnetti yaaduu (niyyaxhuu) dha. Nabiyyiin (S.A.W) wudu'a yoo godhatanis ta'e yoo sagadan yookaan dalagaa kadhannaa isaanii kamiiyyuu keessatti yoo niyyatan arrabaan hindubbanne. Allaahiin waan onnee keessa jiraa ni beeka. Kanaafuu, arrabaan dubbachuun barbaachisaa miti.
2. Bisimillaah jechuu.
3. Harka isaa al sadii dhiqachuu.
4. Afaan al sadii lulluqachuudhaan bishaan funyaan keessa ol harkisuudha.
5. Fuula al sadii gurraa hanga gurratti iddoo rifeensi itti margu gubbaa irraa hanga areeda jelaa dhiqachuu.
6. Harka al sadii sadii quba qaccee irraa hanga ciqilee harka mirgaa kan bitaa dura aansanii dhiqachuu.
7. Harka jiisuudhaan mataa fuuldura irraa hanga dhumaa - dhuma irraa illee hanga fuulduraa al tokko irra yaasuudha.
8. Gurra ille al tokko quba mul'iftuun (laffaan) keessa quba abbuudichaan (kan duraatiin) ammoo ala irra yaasuu dha.
9. Miila al tokko quba irraa hanga kiyyoo kan mirgaa dura aansuudhaan kan bitaa itti aansee dhiqachuudha.

Qaama Dhiqachuu

Qaama dhiqachuun Hadiisa guddaa keessaa kan akka janaabaak, gara dubartii kan fakkaatan irra dirqama qulqullaa'uu ti.

Akkaataa Qaama Itti Dhiqatan

1. Uduu arrabaan hidubbanne onneen dhiqachuun yaaduu (nayyachuu).
2. Bisimillaah jechuu.
3. Wud'a guutuu godhuu.
4. Mataa bishaaniin jiisuu, achiin boodaa al sadii mataa irratti bishaan gadi dhiisuu.
5. Qaama hafe dhiqachuu.

Tayamuum (Biyyoon geeffachuu)

Tayamuum jechuun nama bishaan dhabeef yookaan bixhaanitti fayyadamuu hindandenyeef bakka wudu'aa fi dhiqachuu biyyoodhaan dirqama Xahaaraa godhachuu ti.

Tayamuma akkaataa Itti godhatan

Wudu'aa fi dhiqannaa keessaa kamiin akka tayamuuma godhatu haayaaduu (niyyatuu). Achii booda lafa yookiin waan lafaan walitti jiru kan akka gidigiddaa ganaan haarukutuu. Fuulaa fi harka irra haayaafatuu.

Salaata

Salaanni dalagaa fi jechoota tan walitti qabdee jalqabni isii takibiiraa (Allaahu Akibar) tan taatee fi xumurri isii8 ammoo tasilam (As-Salaam Aleeyikum) tan taate dha.

Namni salaata sagaduu barbaade yoo wudu'a hinqabne ta'e wudu'a godhachuu, qaama isaa dhiqachuun yoo kan isa irra jiru ta'e ammoo qaama isaa dhiqachuu, bishaan yoo dhabe yookaan bishaanitti fayyadamuu yoo hindandeenye Tayamuuma gochuu (biyyoon geefachuu) dirqama. Akkuma

kana qaama isaa, uffata fi iddoo salaataa najaasaa irraa qulqulleessuun isa irra jira.

Akkaataa Salaataa

1. Gara cinaa tokkotti uduu hingorin yookaan hindabin qaama isaa maraan gara qiblaatti deebi'uu.
2. Salaata sagaduu barbaade arrabaan uduu hintaane onneen yaaduu (niyyachuu)
3. Takibiiraa duraa (takibiiratal Ihiraamiin) " Allaahu Akibar " jechuudhaan gochuu. Yoo takibiiraa godhu harka isaa kolba gurmuu isaatiin ol kaasuu.
4. Harka mirgaa ganaa isaa harka bitaa irra kaayatee laphee isaa irra kaayachuu.
5. Kadhannaa bantuu (du'a'ii) akkana jechuudhaan godhachuu:

((اللهم باعد بيني وبين خطاياى كما باعت بين المشرق والمغرب . اللهم نقني من خطاياي كما ينقى الثوب الأبيض من الدنس . اللهم اغسلني من خطاياي بالماء والثلج والبرد))

" Allaahummmaa baa'id beeynii wabeeyna kaxaayaaya kamaa baa'aditaa beeynal masirq wal-magriib Allaahu naqqinii minkaxaayaaya kamaa yunaqqa sawbul abiyadu minadanas Allaahummagislnii min kaxaayaaya bilmaa'i wasalji walbarad"

" Yaa Allaah! Samii fi Ardii akkuma addaan fageessite ana dogoggora kiyya irraa (badii kiyya irraa) na fageessi. Yaa Rabbi! uffatni adiin xurii irraa akkuma qulqullaa'u anas dogoggora kiyya irraa na qulqulleessi. Yaa Rabbi! bishaanii fi baradaan dogoggora kiyya narraa dhiqi."

((سبحانك اللهم وبحمدك، وتبارك اسمك، وتعالى جدك، ولا إله غيرك))

" Subhaanaka Allaahummma wabihmdika watabaaraka ismuka wata'aalaa jadduka walaa ilaaha geeyruka."

6. Istii'azaa (Rabbiin eeggamuu) akkana jechuudhaan gochu:

((أعوذ بالله من الشيطان الرجيم))

" A'uuzu billaah mina sheeyxaanirrajiim."

7. Bisimillaahii dubbisee isaan booda Faatihaa boqonnaa bantuu ni dubbisa. Innis:

" Galanni Rabbiif haata'u. Gooftaa addunyaa kan ta'eef. kan guddisee namaaf yaaduuf araaramu. Abbaa guyuya murtii kan ta'e. Sima qofa [waaqeffanna],? sima qofa irraa gargaarsa kadhanna. Karaa kolbatitti nu qajeelchi karaa warra Ati hinlolleen fi karaa warra hindogoggorree (nu qajeelchi jedhaa)."

Achiin booda amiin ni jedha. " Yaa Rabbi! Narraa Fudhu."

8. Kan danda/e keessaa Qur'aana biraa ni dubbisa Salaata Subhii dheeressee dubbisa.

(kewwatoota baayi'ee)

9. Allaahu Akibar jedhaa harka isaa kolba qurmuu isaatiin ol kaasee ruku'a ni godha.

Kunis kabajaa Rabbiitiif gadi jedhuu dhaan dugdaa fi mataa isaa walitti qajeelchee

diriirsuudhaan quba harkaa babali'isee harka jilba krra ni godha.

10. Ruku'a keessatti akkuma gadi jedhee jirutti al sadii **((سبحان ربي العظيم))** ni jedha. **((سبحان اللهم وبحمدك اللهم اغفرلي))** kan jedhu yoo dabalee gariidha.

11. **((سمع الله لمن حمده))** jedhaa mataa isaa bakka gadi jedhe (Ruku'a) irraa ol ni

ka asa. Yeroo kana harka isaa kolba gurmuu isaatiin ol fuudhee maa'imuumni (kan itti hidhatee sagadu) **((سمع الله لمن حمده))** hinjedhu. Bakka isaa:

((ربنا ولك الحمد)) jechuu ni qaba.

12. Ruku'a irraa mataa ol kaasee

(ربنا ولك الحمد . ملء السموات وملء الأرض
وملء ما شئت من شيئ بعد)

ni jedha.

13. Sodaa Rabbiif jecha qaama isaa torbaniin sujuuda ni godha. (Adda isaatii lafa ni tauqa.) Isaanis addda funyaan wajjiin, ganaa lamaan, jiba lamaan fi qaccee quba miila isaa lamaan. Yeroo kana ciqileen lafa hintuqu qaccee qubaa gara qiblaa ni deebisa.

14. Sujuuda keessatti al sadii **((سبحان ربي الأعلى))** ni jedha. **سبحان اللهم ربنا وبحمدك، اللهم اغفرلي))** kan jedhu yoo dabale gaariidha.

15. Allaahu Akibar jedhaa mataa sujuuda ol kaasee miila isaa kan mirgaa dhaabsisee

miila isaa kan mirgaa dhaabsisee miila bitaa irra ni taa'a.

16. Kana booda sujuudota lamaan gidduu taa'uudhaan harka mirgaa taafaa isaa kan mirgaa irra jalba irraa ol kaasee quba xiqqoo fi kan isiitti aanu cum'ee qabee quba mul'iftuu ol kaasuudhaan yeroo du'aa'ii ni sossoosa. Quba gudduu (abbuudicha) fi quba gidduu qaccee walqabsiisee korboo haojjata. Harka bitaa diriirsee jilba irraa ol kaadee taafaa miila bitaa irra ni ka'ata.

17. Sujuudota lamaan gidduu yoo taa'u ni jedha: **((رب اغفرلي وارحمني واهدني وارزقني واجبرني وعافني))** " Yaa Allaah namaari, naaf gaddi, naqajeelchi, naa kenni, na ijaari fi naeegi."

18. Soda Rabbiitiif Allaahu Akibar jedhaa sujuuda ni godha. Dalagaanis ta'ee jechaan akkuma Sujuuda dura ni godha.

19. Allaahu Akibar jedhaa Sujuuda lamaffaa irraa ol ka'ee nidhabbata. Du'aa'ii bantuu malee kan hafe dalagaanis ta'ee jechaan akkuma uaka'aa duraanii tan lamaffaa ni sagada.

20. Raka'a lamaffaa akkuma xumureen Allaahu Akibar jedhaa jedhaa akkuma Sujuudota lamaan giddutti taa'etti ni taa'a.

21. Yroo kanas tashihuuda (Attahiyyaata) ni dubbis. Innis:

((التحيات لله والصلوات والطيبات . السلام عليك أيها النبي ورحمة الله وبركاته . السلام علينا وعلى عباد الله الصالحين، أشهد أن لا إله إلا الله وأشهد أن محمد عبده ورسوله . اللهم صل على محمد وعلى آل محمد، كما صليت على إبراهيم وعلى آل إبراهيم إنك حميد مجيد . وبارك على محمد وعلى آل محمد، كما باركت على إبراهيم وعلى آل إبراهيم إنك حميد مجيد))

" Attahiyyaatu Lillaah wassalawaatu waxayyibaatu As-salaamu Aleeyika Ayyuha Nabiyyu waraahmatullaah wabarakaatu As-salaamu aleeynaa wa'aalaa Ibaadillaah Saaliihiin Ashihadu Allaa Ilaaha Illaah wa Ashadu anna Muhaammadan abduhuu warasuuluuhu kan booda: Allaahumma salli ala Muhaammadin wa'alaa aalii Muhaammadin kamaa salleeyta alaa Ibraahiimaa wa'alaa aali Ibiraahimaa Innaka hamidn majiid. wabaarki alaa Muhaammadin wa'alaa aali Muhaammadin kamaabaarkta alaa Ibraahima wa'alaa aali Ibiraahima innaka hamidun majiid."

" Kabajjaan martuu Allaahii Tokkicha qofaaf. Kadhannaa fi wanti gaariin martuu. Yaa afti Nabiyyii! nageenyi Rabbii fi gara laaffinni Isaa akkkasuma bafrakaan siif haata'an. Nageenyi Rabbi nuu fi warroota gaggaarii garboota Rabbii ta'niif haata'u. Rabbiin malee Rabbiin biraa akka hinjirre ragaa ni baha. Muhaammmad Ergamaa kankee (kan Rabbii) fi garbicha kankee akka ta'e ragaa ni baha." Achiin booda " yaa Rabbi Ibiraahim fi warra isaa akkuma eebbifte Muhaammad fi warra isaatiif kabajjaa fi jaalala kee godhi. Yaa Allaah! ni jedha.

22. As-Salaamu aleeyikum **((السلام عليكم ورحمة الله))** jedhaa gara mirgaa fi bitaatti ni maanna'a.

23. Salaanni sagadaaruu abbaa raka'aa sadii yookaan afurii yoo ta'e tashihuda duraa yoo xumure ni dhaabbata. Innis: **((أشهد أن لا إله إلا الله وأشهد أن محمدا عبده ورسوله))**

jecha jedhu.

24. Allaahu Akibar jedhaa harka isaa koblba gurmuu isaatiin ol fuudhee ni dhaabbata.

25. kan hafe akkmua raka'aa lamaan duratti ni sagada. Garuu Faatihaan booda Qur'aan hindubbisu.

26. Achiin booda tolfatee ni taa'a miila isaa kan mira lafatti gad-dhaabee miila isaan
kan bitaa sarbaa mula bitaa kela dabarsee teessumma lafaan walitti ni mijeeffata. Akkuma Atahiyyaata duraa (Tashihudaa harka taafaa irra ni kaa'ata.)
27. Iddoo taa'ettis tashihuuda guutauu ni dubbisa.
28. Assalaamu aleeyikum warahutullah ((السلام عليكم ورحمة الله)) jedhaa gara miraa ni nanna'a. Gara bitaatittis akkasuma.

Salaata keessatti wanta jibbaman.

1. Salaata keessa uduu jiran mataas ta'ee ijaan garagaggaluun waan jibbame. Gara samii ilaaluun [amma]? haraama.
2. Salaata keessatti sochiin hibarbaachifnee fi taphindhi waan jibbamadhaa.
3. Salaata keessatti waan yaada namaa harkisu wanti ulfinna qabuu fi kan halluudhaan bareechifame ilaalcha kan harkisu qabachuun (uffachuun) jibbamaadha.
4. Salaata keessatti takasur waan jibbame. Innis harka handhauuraa gaditti kaa'achu-
udha.

waan salaata Balleessu

1. Xiqqoo ille haataatuu beekaa yoo dubbatan salaatni ni baddi.
2. Qaama ufii guutuun gara qiblaa yoo gadi dhiise salaanni ni baddi.
3. Dhuufuudhaan, wudu'a yookaan wanti dhiqannaa dirqama godhu hundumtuu salaata ni balleessan.
4. Sochiin baayi'ee irra deddeebi'anii yoo socho'an salaanni ni baddi.
5. Xiqoo illee yoo kolfan Salaanni ni baddi.
6. Beekkaadhaan Ruku'a fi Sujuuda irra ol ka'uun fi dhaabbachuuis yoo dabalame salaanni ni baddi.
7. Beekaa yoo Imaama dursan Salaanni ni baddi.

Salaata keessatti sujuudu assahawi (Irraanfannaaf Sujuuda godhamuuf Hukmii

1. Irraanfatee Salaata keessatti Ruku'a fi Sujuuda irraa yoo dhaabbate yookin yoo taa'uu dabalate Salaata geeffatee (Salaama baafatee) Sujuuda lamaan bu'ee irra deebi'ee Salaama baafata.

Fakeenyaaf: Zuhrii yoo kan sagadu ta'e raka'aa 5ffaaf dhaabbatee yaadate (yaadachiisan). Yeroo kana Allaahu Akibar uduu hinjedhin deebi'ee taa'uudhaan tashihuuda xumuraa (Attahiyyaata) dubbisee salaama ni baafata. Achiin booda Sujuuda lamaa bu'ee Salaama ni baafata. Akkasumas irraanfate dubaluu Salaatayoo geesseen booda yoo qabate illee waan irraanfateef lamaan Sujuuda godhee ammas deebi'ee Salaama ni baafata.

2. Salaata uduu hinxumurin irraanfatee yoo salaama baafate fi kan xumuraa (kan irraanfate) kan duraa irratti dabaluudhaan yeroo gabaabaa keessatti yoo yaadate yookaan yaadachiisan kan hafe itti guutee Salaama baafatee irra deebi'ee Sujuuda lamaa bu'ee Salaama ni baafata.

Fakkeenyaaf: Zuhrii yoo sagadaa jiraate irraanfatee raka'aa 3 ffaatti salaama yoo baafate achiin booda yoo qabate (qaabachiisan) yeroo kana raka'aa 4 ffaa dabalatee Salaama baafatee irra deebi'ee Sujuuda lamaa bu'ee Salaama ni baafata. Yoo yeroo dheraan booda qaabate garuu Salaata irra deebi'ee sagaduu ni qaba.

3. Waajiboota (dirqamoota) salaata keessaa tashihuuda duraa yoo irraanfate yookaan waan biraa irraanfatee yoo dhiise uduu Salaama hinbaafanneen dura Sujuuda lamaa yoo bu'e kan biraa wamaa itti hinjiru. Haata'u malee iddo gadi dhiisee gara itti aanutti uduu hin seenin yoo qaabate itti deebi'ee ni xumura.

Fakkeenya: Tashihuuda (Attahiyyaata) dura irraanfatee gafra raka'aa 3ffaa ol jedhee dhaabbatee deebi'ee hitaa'u. Haata'u malee uduu Salaama hinbaafannee dura Sujuudota lamaa bu'uu ni qaba. Tashihuudaaf taa'ee tashihuda dubbisuu irraanfatee uduu hindhaabbaneen dura yoo qaabate achuma uduu jiru Tashihuda dubbisee Salaata fuuttachuu malee kan biraa wama itti hin jiru.

Akkuma kana irraanfatee yoo ka'eef uduu ol qajeelee hindhaaqbbatin yoo qaabate deebi'ee taa'ee Tashihuda dubbisee Salaata isaa guuttachuu malee wama hin qabu. Haata'u malee hayyootiin musiliimaa akka ibsanitti irraanfatee

ka'uu isaatiif Sujuuda lamaa bu'uu ni qaba jedhaniiru. Rabbiin mara irra beekaadha.

4. Salaata keessatti lama yookin raka'aa sadii sagade jedhee yoo shakke fi tokko irratti dhugaa ta'uu yoo dadhabe kan dhugaan hubate fi amansiisaa kan ta'e irratti ni dabala. Innis sulphaadha akkanuma waan irraanfateef Salaama uduu hinbaaffanneen dura Sujuu8da lamaan bu'ee Salaama ni baafata.

Fakkeenyaaf: Zuhirii yoo sagadaa jiraate raka'a 2^{ffaa} ti moo 3^{ffaa} ti jedhee yoo shakkee tokko illee dhugaan addaan baasee yoo beekuu dadhabe yeroo kan akka raka'a 2 ^{ffaa}tti fudhatee kan hafe guutee uduu Salaama hinbaafanneen dura Sujuudota lamaa bu'ee Salaama ni baafata.

5. Salaata keessatti raka'aa lama yookaan sadii sagade jedhee yoo shakke, achiin booda tokko irratti dhugaa ta'uu yoo amane isa xiqqaas ta'ee kan guddaa irratti yoo qulqulleeffate isa irratti guttatee Salaama baafatee raka'aa lamaa Sujuuda bu'ee Salaama ni baafata.

Fakkeenyaaf: Zuhrii yoo kan sagadu ta'e raka'aa lamffaa moo dadaffaa ti jedhee yoo shakke achiin booda raka'aa 3 ^{ffaa} ta'uu yoo mirkaneefatte yeroo kana raka'a 3^{ffaa} godhee fudhatee kan hafe itti guuttatee Salaama era baafateen bood Sujuuda lamaa bu'ee haa Salaama baafatu.

Salaama shakke erga xumureen booda yoo shakke shakkiidhaaf iddoo akka hinkennine. Sababaanis shakkiin Sheeyxana irraa kan dhufe waan ta'eef Rabbiin mara caalaa beekaadh. Salaanni Rabbii fi nageenyi Isaa illee Nabiyyii keenna Muhaammad maatii fi hordoftoota irrattis haabuusu.

Dhukkubsataaf akkamitti xahaaraa akka godhan

1. Dhukkubsaataaf akka Hadasa xiqqaa (wudu'a dhabiinsa irraa) wudu'a godhuu fi akka Hadiisa guddatti (qaama dhiqachu dirqama waan taasisu) qaama dhiqachuun waajiba itti ta'a (ni dirqama).

2. Dadhabee dhukkubichi akka itti hin jabaanne yookaan yeroo fayyiinsa isaa akka hindkeeressine sodaatee yoo bishaaniin xahaaraa godhachuu hindandeeyye ta'e tayamuma haagodhatuu (biyyoon haageeffatu).

3. Tayamuma akkaataa ittiin godhatu: Lafa xahaaraa ta'e (biyyoo) harkaan al tokko rukutuu fi harkaan fuula haxaayatee achii harka isaa tartiiba tartiibaan ni haxaayata.

4. Dhukkubsataan yoo ufi-wudu'a godhachuu dadhabe namni biraa wudu'a yookaan tayamuma ni godhaaf.

5. Qaama wudu'a (xahaaraa) itti godhatuu male irra yoo madaan jiraate bishaaniin ni micata. Bishaaniin miicuun yoo kan miidhuu yoo ta'e ammoo sulphisee irra haxaayatee harka bishaaniin jiisee irra haadabarsuu. Jiisuunis yoo kan isa miidhu ta'e bakka san tayamumuma ni godhata.

6. Qaamni isaa tokko yoo cabe carqiin yookaan jeessoon kan hidhameeru ta'e bakka dhiqachuu bishaaniin haa jiisu. tayamuma hinbarbaachisu.

7. Gidigiddaadhaan yookaan daaraa awwaaraatiin tayamuma gochuun ni danda'ama. Gidigiddaan biyyoo uduu hintaane waan akka halluutiin yoo dibamee jiraate awwaara yoo qabaate no ta'a. Saniin alaa isaan tayamuma gochuun hin gahu.

8. Tayamuma lafa irratti, gidigiddaa irratti yookaan waan awwaara qabu irratti yoo hindanda'amne biyyoo meshatti yookaan waan akka Mahaarabitti godhee isaan tayamuma godhuun ni danda'ama.

9. Salaata tokkoof tayamuma godhee hanga salaanni biraa gahuutti xahaaramaan yoo ture tayamumaa duraatiin salaata lamaffaa ni sagada. Salaata lamaffaatiif tayamuma biraa godhuun hinbarbaachisu hanga wanti tayamuma balleessu hin argamnetti fi xahaaraa yoo jiraate ta'e.

10. Dhukkubsataan qaama isaa najaasaa irraa qulqulleefachuutu irra jira. Yoo dadhabe garuu akkuma jiruun ni sagadu. Salaannis sirridha. Deebi'ee illee sagaduun isa irra hinjiru.

11. Dhukkubsataan uffata qulqulluu (xahaaraa) uffatee Salaatuu ni qaba. Uffatni yoo jelaa najjase qulqulleefachuu yookaan jijjiirachuun itti wajaba. Yoo dadhabe akkuma jiruun ni sagda Salaannis sirridha, deebi'ee illee hinsagadu.

12. Dhukkubsataan iddoo qulqulluu (xahaaraa) qabutti ni sagada. Yoo najjase dhiquun yookaan qulqulleessuun itti waffaba yookaan waan qulqulluu tokko

irratti afachuu ni qaba. Yoo dadhabe akkuma jirutti ni sagada. Salaannis sirriidha. Deebi'ee illee hin sagadu.

13. Dhukkubsataan xahaaraa gochuu yoo dadhabe Salaata tokko yeroo isaa irra dabarsuun hinbarbaachisu. Qaama isaa, uffata yookaan iddoo Salaata irraa yoo balleessuun dadhabee najasaan jiraate illee hanguama danda'e xahaaraa godhatee beekumsa isaatiin sagaduu ni qaba.

Akkaataa Dhukkubsataan Ittiin sagadu

1. Dhukkubsataan dhaabbatee sagadutu isa irra jiraata. Yoo kan daddaaqee sagadu illee ta'e yoo barbaachise ammoo gidigidaatti irkatee yookaan uleetti irkifatuu ni danda'a.

2. Yoo dhaabbachuu dadhabe taa'ee ni sagad. Kan caalu garuu yeroo dhaabichoo fi gadi-jedhuu (ruku'a) miila isaa walitti maree teessumma isaa lafa irraan gahuudha.

3. Taa'ee sagaduu yoo dadhabe cinatti ciisee fuulaan gara qiblaatti deebi'ee ni sagada. Cinaa miraa yoo ta'e ni caala. Gara qiblaatti deebi'uu yoo dadhabe garuma naana'etti naannaa'ee ni sagada. Salaannis sirriidah. Deebi'ee illee sagaduun irra hinjiru.

4. Cinatti ciisee yoo sagaduu dadhabe miila isaa gara qiblaatti deebisee dugdaan ciisee ni sagada. Gara qiblatti deebi'uudhaaf akka isaa tolu maataadhaan xinnoo ol jechuun ni caala. miila isaa illee gara qiblatti naannessuu yoo dadhabe akkuma jirutti ni sagada. Deebi'ee illee sagaduun irra hinjiru.

5. Dhukubsataan yoo sagadu ruku'a (gadi jechuu) fi Sujuuda (addaan lafa tuquu) gochuu ni qaba. Yoo dadhabe garuu mataa isaatiin ni akeeka (ni mul'isa). Ruku'a gochuu danda'ee Sujuuda gochuu yoo dadhabe yeroo ruku'aa ruku'uma godhee yeroo Sujuudaa ammoo mataa isaa gadi ni qabata. Akkuma kana Sujuuda gochuu danda'ee ruku'a yoo dadhabe yeroo Sujuudaa Sujuuduma godhee yeroo ruku'aa ammoo mataan gadi ni jedhee ni agarsiisa.

6. Yeroo ruku'aa fi Sujuudaa mataa isaatiin agarsiisuu yoo dadhabe ifa isaatiin ni agarsiisa. Yeroo Ruku'aa ija isaa xinnoo ni dunuunfata. Yeroo Sujuudaa

ammoo guddisee ni dunuunfata. Hata'u malee dhukkubsataan tokko tokkoo quba isaatiin kan akeeku Sirriidhaa miti. Qur'aanas ta'ee Hadiisa yookaan hayyoota amantii irraa ragaa hinargineef.

7. Mataa isaatiin yookaan ifaan agarsisuu yoo dadhabe yaadumaan (fedhiimaan) ni Sagadaa. Allaahu Akibar ni jedha, Qur'aana ni dubbisa. Ruku'a, Sujuuda fi taa'umsa onnee keessatti ni yaada. Hundumtuu kan argatu waanuma yaade waan ta'eef.

8. Dhukkubsataan Salaata maraa yeoodhaan sagadu ni qaba. Salaata tokko keessatti

waan dirqama ta'e keessaa waan danda'ee maraa ni godha, Salaata maraa akka yeroo isaaniitti raawwachuu yoo dadhabe walitti qabachuudhaan Zuhrii Asrii wajjiin Magriibii Ishaa wajjiin ni sagada. Kunis dursuudhaan Asrii Zuhrii wajjiin Ishaa Magriibii wajjiin yookaan tursiisuudhaan Zuhrii Asrii wajjiin Magriibii Ishaa wajjiin haala isaaf mijaa'etti sagaduu yoo danda'u Subhii ammoo gara Salaata isiin duraas dursuu ta'ee tan boodaattis tursiisuun hin danda'amu.

9. Dhukkubsataan nama karaa deemaaru ta'ee biyya biraatitti kan waldhaanamu yoo ta'e Salaata abba Raka'aa afurii gabaabsuudhaan Zuhrii, Asrii fi Ishaa raka'aa lama lama ni sagada. Yeroon haagabaabattu illee haadheeratus hanga gara biyya isaatitti deebi'uuf akkuma kanaan ni sagada.

Rabbiin Arjummmaa Isaatiin Wajjiin Nu Haagayu.

Miskiin Rabbii Muhaammad Saalih Al-usaymiin akka Barreesseetti.